

# LIXA SIYAATIL DEBIISANII WALITTI HIDHUU (RECONNECT WEST SEATTLE)

## Adeemsa Dursa Kennuu Ollaa



Osoo hineegamiin cufamuun West Seattle High- Rise Bridge Lixa Siyaatiliifi hawaasawwa dhiheenya Duwamish Valley, keessattuu kanneen yoo daandiiwwan maqaatti argaman irratti dhiibbaa baayyee taasiseera. Dhiibbaan kunneenis ammuma nut weerara COVID-19 irraa bayyanataa jirru qofatti kan itti fufu ta'a. Baayyee rakkisaa ta'ulleen, kaka'umsa, jijjiramaa fi walta'inaan, Lixa Siyaatiil deebiifne walitti hidhu dandeenya. Caasaan hojii naannoo kanaa ballaanis naannoolee miidhaman hundaaf haala sochii dabalurratti kan xiyyeeffatuudha. Cimsineetiis, naannoolee haala baayyeen miidhamaniif deeggarsa baqaannoo dabalataa dhiyeessuudha.

Mariwwan magaalaa fi foramiwwan hawaasaa 30 oli irraa kan dhageenyeefi yaadawwan karoorraafi miseensoota hawaasa South Park, Georgetown, SODO, fi Kibbaa Lixa Siyaatil (Roxhill, Highland Park, Riverview, South Delridge) kanneen waa'ee attamiin akka socho'an, baasii argamuu, tiraafika akk itti qaxxaamuran, nageenya namoota miilaan imalanii, fi faalama naannoo isaanii dabalaa jiruuf baayyee yaaddaan irraa kallattiin yaada walitti qabneera. Hawaasni kunneenis osoo daandiiwwan maqaa gurguddoo baayyeefi faalama riqichi cufamuun walqabatee uumamee hin dandamatiin dura dhiibbaawwan tiraafikaa fi faalamaa cimaan mudataa jira.

Kutaan karoorra hojii Reconnect West Seattle ollaa keessan akka pirojaktiiwwan kam, akka hawaasaatti, akka caalaa akka dhiibbaa cufamuu High-Bridge fi daandiiwwan maqaa kanwalqabatan haala gabaabaa fi dheeraan dabarsu akka yaadan irratti akka oggananiifi dursa kenna dandeessisa. SDOT tajaajilaaf qophii tura.



## SAGALEEN KEESSAN NI BARBAADAMA: FILANNOO KEENNA GUUTAA

**South Park | Georgetown | SODO | Roxhill, Highland Park, Riverview, South Delridge**

Kan South Park, Georgetown, SODO ykn South West Seattle (Roxhill, Highland Park, Riverview, South Delridge) keessa jiraattu ykn hojjattu ta'e, dhiibbaa cufamuun High-Bridge fi daandiiwwan filannoo hirrisuuf ollaan keetii caalaa waan barbaadan nutti himuuf sagalee dursa kennuu ollaa keetii Adooleessa 31ffaa irratti guuti. Kenniniisi sagalees marsaritii pirojaktiichaa irratti argama:

[www.seattle.gov/reconnectwestseattle](http://www.seattle.gov/reconnectwestseattle). Waraqaa sagalee afaan biraatiin argachuuf ykn bakka mulmaataa fudhatama qabu ykn gargaarsa kan biraa yoo barbaaddan, maaloo asirratti nu quunnamaa [westseattlebridge@seattle.gov](mailto:westseattlebridge@seattle.gov) or 206-400-7511.

Adeemsa kanas kan hunda hirmaachise taasisuu waan barbaadnuufi miseensa hawaasaa naannicha keessa jiraatuufi hojjatu hunda irraa dhagahu barbaanne. Keessattuu namoota aadaa kana dura mariiwwan akkasii irratti hinrimaanee irraa dhagahuuf invasti taasifneerra. Kanaafu, akka kenninsa sagalee kana qooddaniif maaloo isin jajabeesina.

## TARREWWAN PIROJAKTIICHA

Tarreewwan pirojaktii irra caalaan kan yaadawwan hawaasa irraa argannee, yaadawwan keenya muraasa waliin, fi kan pirojaktiiwwan pirojaktoota geejiibaa duraan turan irraa, fi karoorawwa ollaa kan akka Maastar Pilaanii Bisikileetaa, Maastar Pilaanii Dadabarsaa, fi Maastar Plaanii Imaltoota Miilaa irraa kan maddeedha.

Pirojaktiiwwan gurguddaan hedduun raadaara keenya irratti kan hafan yoo ta'u, tarkaanfii atattamaa akka barbaachisu hubanna. Kanaafu, tarreewwan pirojaktiiwwanii kan hammatu 1) waggaa keessatti xumuuruu fi 2) \$100,000 gadii baasuu. Pirojaktiiwwan hedduun hanga danda'ameetti dafanii, yeroo waggaa tokkoon gadii keessatti akka eegalaniidha kan barbaadnu.

## WALIIN KAROORA BAASUU

Erga sagalee kennuun cufameen booda, SDOTn Taaksi Forsii hawaasa Riqicha Lixa Slyaatil waliin hojjachuun yaadawwan nuuf dhiyaatan karaa leensii uggura bajataa, walitti bu'iinsa geejibaan walqabatanii umamuu danda'an, walmaddalaa, nageenya, sochii, walitti fufiinsa, jiraachuu fi deeggarsa hawaasaa ilaalla.

Yaadawwan fi deebii ollaawwan irraa argannee hunda kabajuuf yaalla. Haa ta'u malee, pirojaktiiwwan hundi gaggeefamu hindanda'an. Tokkicha karookirichi erga baheen booda, karoora hojii baasuufi mari'achuuf olla keessan waliin walagahii ni gaggeeffanna.

Erga hiikaa faayinaansiin dinagdee haaraa irratti qabaatu hubanneen booda, haala-sirriin tarree pirojaktii rakkoolee hundi keenya mudataa jiru wal simatu irratti hojjanna. Yaadni keessanis nageenyaafi sochii hawaasawwan Lixa Siyaatil fi naannawaatiif bakka jalqabbii nuuf kenna.

## YEROO KAROORAA

**Torban Adooleessa 6:** Karoorawwan Ollaa hawaasaaf gadhiifamuun kenniinsi sagalees ni saaqama.

**Adooleessa 6-13:** Hawaasni pirojaktiiwwan ollaa dursa kennaaf

**Hagayya:** Taaksi Forsiin Hawaasa SDOT fi WSB deebiiwwan hawaasa irraa argaman xinxaluun karoora baasu

## NUTIS GARGAARUUF ASI JIRRA

Nutis teknolojiifi deeggarsa afaaniitiin gargaaruuf, gaaffiiwwan adeemsa irratti qabdan deebiisuufi dhimma hubachu dadhabdan kamiyyuu ibsuuf asi jirra. Nu bira gahuu kan dandeessaniis [westseattlebridge@seattle.gov](mailto:westseattlebridge@seattle.gov) ykn 206-400-7511 irratti.